

EEGANNOO HANDAARA GALAANAAA AFAN OROMO



QUEENSLAND

Surf lifesavers and lifeguards prominently display flags and warning signs to indicate the safest areas to swim for the beach going public.

Baraartoonni lubbuu daaktota galaana irraa fi tiksoota balaa (lifeguards) ummata gara handaara galaanaa deemaniif naannoo nageenya qabu hubachiisuuf alaabaa fi mallattoo akeekkachiisaa ni fannisu.

The easy way to stay safe at the beach is to remember the 'FLAGS' message

KARAA SAPHLAAN HANDAARA GALAANA IRRA NAGEENYA EEGACHUUF ERGAA ALAABICHAA YAADACHUUDHAANI.

F

Find the flags and swim between them

Alaabicha barbaadii gidduu isaanii daaki.

Alaabotni diimaa fi keelloon bakka baraartota nageenya galaanaa fi lubbu baraartotaan eegamaa jiru tahuu mul'isa. Handaara galaana sana irra daakuuf bakka nagaa tahuu isaa agarsiisan.

L

Look at and read the safety signs

Mallattoo eeggannoo laali, dubbisi

Mallattoon eeggannoo wanneen balaa qabaachuu danda'an kan ibsuu fi haallan guyyuu handaara galanaa kan ibsanii dha. Mallattooleen kun karaa itti handaara galaanaatti bahamuu fi bakka alaabaan jiranitti argamu. Osoo bishaanicha hin seenin dursii qalbisaan akka gaariitti dubbisi.

A

Ask a lifesaver or lifeguard for some good safety advice

Baraartota lubbuu yokan tiksoota balaa gorsa eeggannoo gaafadhu

Haalli daakaa (gadi fageenyi galaanaa, dhahaan bishaanii, guddinni fi bal'inni danbalii) daddaffiidhaan jijjiiramuu danda'a. Osoo bishaanicha hin seenin dursii baraartota lubbuu yokan tiksoota balaatti dubbadhu.

G

Go swimming with a friend

Bakka daakaa nama beektu waliin deemi

Nageenya walii eeguu fi yoo barbaachise gargaarsa waliif godhuuf yeroo hunda nama beektu waliin bishaan daaki. Ijoollotni yeroo hunda nama guddaa dhaan eegamuu qaban.

S

Stick your hand up for help

Gargaarsaaf harka kee ol qabi

Yoo bishaan keessatti rakkoon si argate hin nahin. Harka kee ol kaasi, gargaarsaaf mallattoo agarsiisi, bishaan irra danbali'ii, gargaarsa eeggadhu. Gara dhahaa bishaanichaatti danbal'i yokan daaki. Faallaa isaa hin yaalin, hin daakin.



**YEROO HUNDA ALAABAA DIIMAA FI
KEELLOO GIDDUU DAAKI**



ALWAYS SWIM BETWEEN THE RED AND YELLOW FLAGS

EEGANNOO HANDAARA GALAANAAA AFAN OROMO



QUEENSLAND



Red and Yellow Flags

Alaabaa Diimaa fi Keelloo

Naannoo daakuuf danda'amu kan baraartota lubbuu fi tiksoota balaan eegamaa tahuu agarsiisa.



Yellow Flag

Alaabaa Keelloo

Akeekkachiisa – Haalichi balaa qabaachuu ibsa , haa tahu malee daakuun akka danda'amu agarsiisa.



Red Flag

Alaabaa Diimaa

Balaa – Bishaan hin seenin.

Yeroo alaabaa diimaan agarsiisamu (mul'isamu) bishaan daakuun cufamuu agarsiisa.



Red and White Quartered Flag

Alaabaa Afrachi (Quartered) Diimaa fi Adii

Baraarii Balaa (Emergency Evacuation) – Daddaffiin bishaan keessaa bahi.

Alaabaan kun balaan jiraachuu isaa ibsuu fi akka namootni bishaan keessaa bahaniif malakata

afuufuudhaan agarsiisama. Yeroo hedduu baraartotni lubbuu fi tiksootni balaa namoota baraaruu yokan

bineensotni galaana keessaa balaa dhaqqabsiisan

yoo mul'atan ni birmatu.



Black and White Flag

Alaabaa Gurraachaa fi Adii

Naannoo bidiruudhaan daakamu – Bidirudhaan kanneen daakan naannoo alaabaan diimaa fi keelloon mul'isamee jiru irraa of eeguu qaban. .



Dangerous currents

dhahaa bishaanii hamaa

Dhahaa bishaanii hamaatu jira



Bluebottles

qabee bif-samii

Qabee bif-samiin ni jira



Marine stingers

bineeyyii galaanaa ciniintota

Ciniintotni galaanaa bishaan keessaa balaa fidan ni jiran.



High surf

Tuujjuba Guddaa

Daakaa bal'aa fi balaa kan qabu yokan danbalii gadi fagoo miidhaa geessisuu danda'utu jira



Crocodiles

naachota

Naachi (naachotni) naannootti mul'atanii jiran



No swimming

HIN DAAKIN



Sharks

Mureessa

Mureessi naannootti mul'atanii jiran



Always swim between the red and yellow flags

Yeroo hunda alaabaa diimaa fi keelloo gidduu daaki